# Deggarsa Ijaaramuu Qeerroo Idil-Aduunyaa
# Ibsa Gabaabaa Qeerroo Bilisummaa
# Finfinnee

Jarmayaan "Dhaabbata Deggersa Qeerroo Idil-aduunyaa- International Qeerroo (Youth) Support Group dhabbatuu isaa fi seeraan galmaawee akka socho'u beeksisa bahe yeroo arginu gammachuu guddan nutti dhagahame.

Akeeka eebbifamaa jarmyaa kanaa Oromootni  biyya alaa fi keessaa akka cinaa dhaabbatanii fi irratti gargaartan waamicha keenya isiniif dabarsina.

Ummanni Oromoo miga dhalanamaa fi saba cunqurfamaa Oromoof jecha deggersa dandeessan kannaa jirtan martuu waliin hojjatnee waliin rakkina akka sabatti qabnu keessaa akka baanu waamicha keenya.
Dargaggoonni Oromoo fi Ilmaan Oromoo jarmyaa akeeka eebbifamaa Deeggarsa Qeerroo Idil-addunyaa gadi dhaabdan hojii irratti milkii cululuqaa waliif hawwina. Qeeroon akeeka keessan milkaawuuf waan irraa eegamu hunda akka raawwatu gamanumaa mirkaneessina.

Injifatnoo Ummata Oromoof!
Gadaan Gadaa Bilisummaa dha!
Qeerroo Bilisummaa
Finfinnee
Amajjii 01,2015